

Lakk.hojmaataa: 20245
Seera qabeessa (Riv 3)
Qajeelcha: Tajaajila Maallaqaa
Yaalamaa

Imaammata Hordoffii Kanfaltii Ofiinii

Imaammataa fi Tarsiimoo sassaabbii kanfaltii ofiin raawwatamu

Imaammata

Gidduugala Waldhaansaa Hospitaala Overlake (OHMC) fi Kilinikiwwan Waldhaansaa Overlake (OMC) barbaachisummaa herregoota yaalaman hamma tokko kanfalu sassaabuu ni mirkaneessa. Kunis fayyaa fiisikaalaa fi marsaa galii hospitaalichaa isa ijoottis ilaalama. Yaalaman dhuunfaa isaatti kanfalu yoo ta'e, %100 herrega yaalamaa sanaa itti gaafatamummaa yaalamaa sanaati ta'a. OHMC fi OMC rakkooleen maallaqaa tajaajila kunuunsa fayyaa argachuu irratti dhiibbaa kan qabaatu wayita ta'u kana waliin hidhata sirrii ni qabaata. Kunis imaammataa fi tarsiimoon sassaabbii maallaqaa akkasumas sagantaa deeggarsa maallaqaa waliin hidhata ni qaba. OHMC fi OMC tooftaa kanfaltii "Guarantor" jedhamu ni kenna, itti gaafatamummaa kanfaltii yaalamaa sanaa ibsa tooftaa kanfaltii waliin haftee maallaqaa akka kanfalu abbaa dhimmaa sanaatiif ni ergama (guarantor of the accounts). Caasessi kunis Waajjira Sirna Kanfaltii Qeenxee (Single Billing Office)/(SBO) jedhama. Imaammatawwan dhimma idaawwan yaalamaas haftee maallaqa kanfaltii OHMC fi OMC lamaan irratti ni tajaajila.

Hojmaata

Kanfaltootni inshuraansii hundi yaalamaa sana haguugan kanfalticha yoo raawwatanis ta'e yoo mormame, itti gaafatamummaan yaalamaa, akkaataa gaafannaakanfaltii namoota kanfaltii raawwataniin adda bahetti tooftaa kanfaltii keessatti gara sarara itti gaafatamummaa yaalamaatti naanna'ee jira. Yaalamaa kanfaltii dhuunfaan raawwatu yoo ta'ee fi kanfalaan inshuraansii wayita hin jirretti, gaaffiin haftee maallaqaa barbaadamuu Qajeelchi Abstracting/ Koodiingii hojii herregichaa akka xumureen battaluma gara tooftaa sarara PR'tti naanneffama.

Hafteen kanfaltii yaalamaa al tokko gara sarara itti gaafatamummaa yaalamaatti yoo naanneffamee, fi hafteen herrega dhimmoota hundaa kan guarantor \$14.99 (haftee gad'aanaa maallaqa seenu) yoo caale, tooftaan kun ibsa kanfaltii tajaajilaa bahu irratti tooftaa ergaa sirnaawaa ni maddisiisa. Ibsi ergaa sun biilii yaalamaa/guarantor ta'ee haftee herregaa isaan itti gaafatamoo ta'aniif ni haguuga. Yaalaman/wabiin kun kanfaltii guutuu yoo hin raawwatiin ykn haallan biroo yoo hin mijeessiin (akkaataa kutaa sagantaa gargaarsa maallaqaa armaan gadii jalatti ibsameen); tooftaan ibsa maddisiisa ergaa #1 jalqabee guyyoota soddoma (30) keessatti, tooftichi ibsa ergaa #2 ni maddisiisa.

Yaalaman kun kanfaltii guutuu yoo hin raawwatiin ykn OHMC waliin haallan biroo yoo hin mijeessiin, tooftaan ibsa maddisiisa ergaa #2 jalqabee guyyoota soddoma (30) keessatti, tooftichi ibsa ergaa #3 ni maddisiisa. Ibsi ergaa kunis yaalaman sun kanfaltii guutuu yoo hin raawwatiin

ykn OHMC waliin haallan biroo mijeessuu yoo dhiise, yaalamaa sanaaf akeekkachiisa kennuun dhimmicha gara ejensii sassaabbii maallaqaa alaatti riifar ni taasisa. Tooftaan sun ibsa ergaa #3 edda maddisiisee booda, yaalamaan kun guyyoota soddoma (30) keessatti kanfaltii guutuu yoo hin raawwatiin ykn tarkaanfii adda biraa yoo hin fudhatiin, tooftaa ibsa ergaa #4 yaalamaan sun kanfalticha guyyoota soddoma (30) keessatti kanfalu akka qabu ykn dhimmicha gara ejensii sassaabbii maallaqaa alaatti riifar kan taasifamu ta'uu agarsiisu tooftichi ni maddisiisa. Yaalamaan sun qabxiilee kanneen irratti tarkaanfii fudhachuu yoo dhiisee fi yaalamaan kun akka idaa hamaatti kan lakkaa'amu ta'ee herregichis dhimmicha gara ejensii sassaabbii maallaqaa alaatti riifar ni taasisa.

Bakka bu'ootni herrega yaalamaa wabiiwwan irraa bilbilli isaan gahe, ykn bilbila outbound taasisan, wabiiwwan kanfaltii herrega haftee ofii isaaniin haguuguuf meeshaalee deeggarsa maallaqaa armaan gadii ni fayyadamu.

Sagantaa Gargaarsa Maallaqaa

Yaalamtoota kanfaltii tajaajilawwan kunuunsa fayyaa raawwachuu ilaalchisee dhiibbaa keessa jiraniif OHMC sagantaalee adda addaa ni kenna. Gorsitootni Maallaqaa itti gaafatamummaa sassaabbii kanfaltii haftee guutuu deeggaruuf sagantaalee hojii irra oolchuuf itti gaafatamummaan isaan irra jira. Dhimma Tola Ooltummaa/Kunuunsa beenyaan itti hin kanfalamne ilaalchisee hafteen maallaqaa yaalamaa %65 fi %100 gidduu jiru haqama. Sagantaan Kunuunsa Tola Ooltummaa OHMCs imaammataa fi hojmaata addatti kaa'ame jalatti taa'ee jira. Sagantaaleenis kunneeni kan armaan gadiiti:

Sagantaa Hir'isa Gatii Kanfaltii Ariifachiisaa Sagantaan kun tajaajilawwan waldhaansaa barbaachisoo ta'aniif qofa tajaajila. Haguuggiin inshuraansii bakka hin jirretti (dhimmi kunis yaalamtoota sagantaa inshuraansii meedikaalaa jala jiraniif hojiirra kan oolu ta'ee, garuu, daangaa faayidaa isaanii waan ol guddisaniif tajaajila kanaatiif garuu haguuggiin inshuraansii kennamu hin jiru). Yaalamaan kun wayita tajaajilli kennamuufiitti OHMC'tti kanfaltii waliigalaa keessaa %50 kanfaluun hir'isi gatii %30 ni taasifamaaf. Herregni haftee kanfaltii %50 immoo guyyaa tajaajilichi kenname irraa eegalee guyyoota 30 keessatti kennama. Akkasumas yaalamaan kun ibsi kanfaltii duraa isaan qaqqabee keessatti maallaqa isa/ishee irratti hafe guutuu isaa guyyoota 30 keessatti OHMC'ttiif yoo kanfale/lte, wayita tajaajilli sun kennameefiitti kanfaltii homaattuu yoo kanfaliinillee, hir'isi gatii %30 ni taasifamaaf.

Sagantaa Karoora Kanfaltii Dheereffame Sagantaan kun kanfaltiin inshuraansii edda raawwatamee ykn faayidaan inshuraansii kamuu bakka hin jirretti yaalamaan itti gaafatamummaa kanfaltii (gariin) kanfalu qabu ilaalchisee deeggarsa maallaqaa taasisuuf qophaa'e. Bakka bu'ootni Herrega Kanfaltii Yaalamaa; karoora kanfaltii yeroon isaa dheereffame hundeessuuf yaalamaa sana waliin ni hojjeta. Caasessa karoora kanfaltii OHMC armaan gadii:

<u>Hamma kanfalamu</u>	<u>Heddumina ji'ootaa ol'aanaa kanfaltiin itti raawwatamu</u>
< \$75	1
\$ 76 gama \$ 250	3

\$ 251 gama \$ 750	6
\$ 751 gama \$1,500	12
\$1,501 gama \$2,500	18
> \$2,500	25

Tottolchi kanfaltii turtii tajaajila isaa keessatti yeroo ji'oota 25 caaluu hin qabu Yaalamaan sun haallan kanneen jalatti kanfaltii raawwachuu yoo dadhabe, qo'annoo irra deebiin taasifamee yeroo murtaa'eeffin booda, tottolchi kanfaltii yerootiif hojjiirra oolu ni raawwatama. Tottolchi kanfaltii yerootiifii kunis yeroo gad'aanaa imaammata kana keessatti kaa'ame gidduutti raawwatamuu kan qabu ta'ee; akkasumas kanfaltii jalqabaa hundeeffama karora kanfaltii irratti ibsame waliin raawwatama.

Bakka bu'ootni Herrega Kanfaltii Yaalamaa wal jijjiirraa xalayaa fi waliigalteewwan barreeffamaa gara yaalamtoota karora kanfaltii dheereffame fayyadamuuf filatanitti ergaman ni qabaatu. Yaalamaan tokko kanfaltiin yoo isa jala darbe (miliqe), Bakka bu'ootni Herrega Kanfaltii Yaalamaa sababaa fi dhimmoota ariifachiisaan raawwatamuu kanfaltii ilaallatan murteessuuf yaalamaa sana ni quunnamu. Kanfaltiin irra deddeebiin yoo barfate, herregni kanfaltii sun bakka biraatti ergamee akka idaa cimaatti akka sassaabamu gara iddoo biraatti akka ergamuuf sababa ta'a.

Kunuunsa Tola Ooltummaa/ Gargaarsa Maallaqaa. Sagantaan kun kanfaltiin inshuraansii edda raawwatamee ykn faayidaan inshuraansii kamuu bakka hin jirretti yaalamaan itti gaafatamummaa kanfaltii (gariin) kanfalu qabu ilaalchisee deeggarsa maallaqaa taasisuuf ykn gochuuf qophaa'e. Yaalamaan kun iyyata kunuunsa tola ooltummaa gaafachuu ykn yaalamaan kun iyyata kunuunsa tola ooltummaa akka dhiyeeffatu/ergatu Bakka bu'ootni Herrega Kanfaltii Yaalamaa carraa kennuufii ni danda'u Yaalamaan sun iyyata guutuu (ragaalee deeggarsaa dabalate) wayita deebisanii fidanitti, Bakka bu'aan Herrega Kanfaltii Yaalamaa iyyatni sun guutuu ta'uu fi dhiisuu isaa mirkaneessuuf irra deebi'anii ni qulqulleessa, akkasumas bu'uura Imaammata Kunuunsa Tola Ooltummaa/Gargaarsa Maallaqaa irratti ibsameen galii yaalamaa sanaa ni shallaga. Bakka bu'aan Herrega Kanfaltii Yaalamaa iyyata kunuunsa tola ooltummaa kan yaalamaa sanaa ergu herrega yaalamichaa yeroo ammaa tooftaa kanfaltii (billing system) keessa galchuuun kan isarraa eegamu wayita ta'u, OHMC'n yaalamaan sun kunuunsa tola ooltummaatiif fudhatamuu fi dhiisuu isaa shallagee hanga mirkaneessutti, ergaawwan isa/ishee qaqqaban ni dhaabbatu (ni addaan citu). Dabalataanis, Bakka Bu'aan Herrega Kanfaltii Yaalamaa iyyaticha qulqulleessus kunuunsa tola ooltummaa sun yaalamaa kanaatiif kennamuu (hanga hir'ifameef dabalatee) fi fudhatama dhabuu (kufaa taasifamuu) iyyatichaa barreeffamaan ni beeksisa. Maanaajimantiin Tajaajilawwan Maallaqaa Yaalamaa tottolcha qorannoo fi shallaggii kunuunsa tola ooltummaa keessatti kan haguugaman ta'ee; dhibbeentaan kunuunsa tola ooltummaas To'ataa OHMC waliin adda baafamee galmaa'a. Yaalamtootni hir'isni gatii Kunuunsa Tola Ooltummaa isaaniif hin hayyamamiin dhimma murtii duraa sana barreeffamaan Daayrektara Kutaa Galiwwaniif ol'iyachuu ni danda'u.

Ergaawwan deebi’anii fi Lakkoofsota Bilbilaa Dogoggoraa

Ergaawwan beeksisaa kutaa tajaajila ergaa irraa gara OHMC’tti yoo deebi’an, teessoo sirreeffame argachuuf tattaaffiiwwan (yaaliiwwan) ni taasifamu. Tarkaanfii tokkoffaan yaalamaan sun siistama irraa teessoo sirreeffame yoo qabaachuu fi dhiisuu isaa murteessuuf OHMC waliin ta’uun seenaa herrega kanfaltii qulqulleessuu dha. Odeeffannoon kun yoo hin jiraatiin, teessoo kanfaltii sirreeffame argachuuf lakkoofsotni bilbilaa yaalamaa sanaan kennaman hunda irratti ni bilbilama. Al tokko odeeffannoon sirraa’e yoo argame, Bakka bu’ootni Herrega Kanfaltii Yaalamaa ykn Qindeessaan Tajaajila Bira gahiinsaa Yaalamaa odeeffannoo biiliingi keessa, herregoota banaa yalamaa sanaa hunda ilaallatan ni fooyyessu. Odeeffannoon sirreeffame karaa adda biraa kamiinuu yoo hin argamiin, herregni yaalamaa akka idaa cimaatti ilaalamee, dhimmicha raawwachuuf ejensii alaatiif ergama (ramadama).

Herrega dhimma Sassaabii fi To’annaa Raawwiitiif gara Ejensii walitti qabaa maallaqaatiif erguu

Herregootni akeekkachiisawwan kanfaltii 4’n hunda isaan qaqqabee fi guyyoota armaan duraa 30 keessatti gochaan kanfaltii yoo hin raawwatamiin, kanfaltiiwwan kunneen battaluma hordoffiidhaaf gara ejensiiwwan maallaqa kana sassaabanitti ergamu. Herregootni kunneenis bakkaa fi yeroo itti dhiyaatan bu’uureffachuun waan keessummeeffaamaniif dabaree hojii murtaa’e ni eega. Daayrektarri Kutaa Galiis galmeewwan ramaddii torbee qopheessuuf dhimmoota herrega kanneenii ni qindeessa. Kanfaltiin ramaddii Ejensii maallaqa walitti qabaa gabaasa agarsiisaa raawwii ijoo ji’aa keessatti kaa’amu.